

## Mammaaksota Oromoo Qubee “I” n Jalqaban.

- 1 Ibidda rafe huubni achuu kajeela.
- 2 Ibiddi garaa foon hin waadu.
- 3 lfaan sooratan dukkana daakkatu.
- 4 lilkaan mutaan seene budaan seene.
- 5 Ija jirtu qorsa buusani.
- 6 Ija laaftuun dubaraa obbolessa irraa ulfoofti
- 7 Ijaafii saree namarraa hin deebisan
- 8 Ija-jabeessarraa sirbi hin fokkisu.
- 9 Ijibbaata beelaa eelee sagal dhaabu.
- 10 Ijji badduus bakki ijaa hin baddu
- 11 Ijji dhugaan boosse, imimmaan hin dhabdu
- 12 Ijji gamnaa dura boossi.
- 13 Ijjii fi ijoolleen tika baddi
- 14 Ijoolleen gajee torbaa anatu keessaa korma jedhee geerare namichii jedhama.
- 15 Ijoolleen nyaataaf waaman ergaa seetee diddi.
- 16 Ilmii fi biqilli guyyaa malee hin dhalatu.
- 17 Ilmoo bineensaa foontu gara bosonaa heda.
- 18 Ilmoon huntuutaa gumbii uraa haadha jalatti barti
- 19 Irra turuun farda uruudha.
- 20 Irreen hin moyan, alagaan hin boonan.
- 21 Itti himne yoo dhageesee, itti kennine yoo olkeesee
- 22 Itti qabataaf cidhi ollaa jira.

- 23 Iyyan malee hin dhalchani jedhe hoolan korpheessa re'eetin.
- 24 Iyyaniif dhalcha hin ta'u jedhe korbeessi hoolaa korbeessa re'eetiin.
- 25 Iyyitee hin beektuu iyyinaan "Badaa, badaa" jette